STAY SAFE MN

Waa’ee Ulaagaa Aguuggii Fuulaa Minnesotaa Waan Beekuun Si Barbaachisu

Ummanni Minnesotaa keessaa yoo qofaa ta’aniin alatti, bakkeewwan daldalaa mana keessaafi bakkeewwan ummataa mana keessaa hundatti aguuggii fuulaa akka kaawwataniif gaafatamu. Hojjattoonnis wayita fageenya hawaasummaa eeggachuun hindanda’amnetti manaan alatti aguuggii fuulaa akka kaawwataniif gaafatamu.Waa’ee ulaagaa kanaa beekuuf wantoonni barbaachisoo ta’an muraasni kunooti.

Aguuggii fuulaa kan kaawwattan ta’ullee, namoota waliin hinjiraanne jidduutti fageenya fiitii 6 eeguun ammallee barbaachisaa ta’a. Akkasumas hundumtuu yeroo baayyee harkasaanii dhiqachuun itti fufuufi yoo dhukkubsatan mana turuu qabu.

Aguuggii fuulaa kaawwachuun yoom barbaachisa

- Bakkeewwaan ummataa ykn daldalaa keessa galuuf alatti eeggataa osoo jiranuu dabalatee, bakkeewwan daldalaa fi eddoowwan ummataa mana keessaa hundatti.
- Hojjattoonnis namoota jidduutti fageenya fiitii 6 eeguun bakka hindanda’amneefitti manaan alatti aguuggii fuulaa kaawwachuutu irraa eegama.
- Geejjiba ummataa kan akka baasii ykn babuura, ykn taaksii keessatti, konkolaataa qooddachuun imalamu, ykn konkolaataa kaayyoo daldalaaf oluu yoo fayyadamtan.
- Daldalli muraasni, mana keessaa ykn alatti, yoom akka aguuggii fuulaa kaawwachuu qabdurratti seera dabalataa qabaatu. Seerawwan sana hordofuu qabda.

Gosoota aguuggii fuulaa

- Gosootni aguuggii fuulaa waraqaa ykn maaskii gatamu, maaskii huccuu, hidhaa mormaa, shaarpii, shaashii, ykn aguuggii fuulaa amantaa hammachuu danda’a.
- Aguuggiin fuulaa funyaaniifi afaan guutummaatti aguuguu qaba. Aguuggichis kan baayyee dhiphate ykn jabaate osoo hintaane kaawwachuuf kan mijatu ta’uu qaba.
- Aguuggii fuulaa cuftuufi bantii ykn saaqaa biraa qabu hinkaawwaatiin. Innis cophi vaayirasii qabu akka seenuu danda’u taasisa.
- Maaskiiwwan wallaansaa ykn N95 argansuu hinkaawwatiin yoo sababii hojii keetiin si barbaachiseen alatti.
- Aguuggiin fuulaa maaliif akka barbaachisuufi akkamiin sirriitti akka kaawwatamurratti odeeffannoo dabalataatiif, gara Maaskiiwwan fi aguuggiiwwan fuulaa (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/prevention.html#masks) deemi.

Namoonni aguuggii fuulaa akka kaawwataniif hin gaafatamne

- Daa'imman umurii waggaa 2 gadii aguuggii fuulaa godhachuu hinqaban.
- Daa'imman umuriin waggaa 2 fi 5 jidduu aguuggii fuulaa akka godhataniif hingaafataman, garuu yoo danda'an wayita ala bahan akka kaawwatan ni jajjabeeffamu.
- Namoota rakkoolee wallaansaa ykn rakkoolee fayyaa biroo, rakkoo miidhama qaamaa ykn fayyaa sammuu, guddinaa, ykn fedhiiwwan amalaa aguuggii fuulaa kaawwachuuf obsa isaan dhowwatu qaban.
- Nama argansuu irratti rakkoo qabu, kan of wallaalee jiru, kan rafaa jiru, dandeettiin kan isa gane, ykn deeggarsa malee aguuggii fuulaa ofirraa baasuu kan hindandeenye kamuu.
- Namoonni rakkina fayyaa qaban ykn haalawwan maaskii kaawwachuu isaan hindandeessisne qaban filannoowwan maaskiin alaa kanneen akka ittisawwan fuulaa ifaa godhachuu danda'u.

Aguuggii fuulaa yeroof ofirraa baasuun kan danda'amu

Aguuggii fuulaa yeroo gabaabaaf ofirraa baasuun kan danda'amu yeroon tokko tokko ni jira. Yeroon aguuggiin fuulaa itti ofirraa baasuun danda'amu muraasni kunooti, garuu tarree guutuusaa asirratti argachu dandeessa Ulaagaalee fi Grosawwan Aguuggii Fuulaa Ajaja Hojii Raawwachiiftuu 20-81 Jalaatti (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/facecover.html)

- Wayita nyaattu ykn dhugdutti, namoota miseensa maatii keetii hintaane kaan irraa yoo fiitii 6 fagaachuu yoo dandeesse.
- Yoo namni ta'e eenyummaa kee mirkanneessuuf si gaafatu, kan akka yeroo dhugaatii alkoolii ajajuutti ykn qophiiwwan tokko tokko wayita seenamutti.
- Wayita daakaa daakamutti ykn sochii biraa raawwachuutti yoo haguuggiin fuulaa kan jiidhu ta'e.
- Yoo nama dhagahuu hindandeenye ykn rakkina dhageetti qabu, ykn rakkina fayyaa, miidhaa qaamaa, ykn rakkoo fayyaa sammuu qabu waliin maaskii kaawwachuun dubbachuun rakkisutti. Ammalleen nama sanarraa fiitii 6 fagaachuu si barbaachisa.
- Yeroo qophiilee ispoortii ykn sochiilee qaamaa keessatti hirmaachuun argansuu guddaa baaftuufi aguuggii fuulaa kaawwachuun rakkiisaa ta'utti.

ULAAGAA AGUUGGII FUULAA IRRATTI ODEEFFANNOO DABALATAA

Waa'ee Ajaja Hojii Raawwachiiftuu, seerrawwan industirii addaa dabaltee (fakkeenyaaf, kunuunsa dhuunfaa, mana barnootaa, fi kunuunsa daa'imaa), addabbiiwwanii fi hojiirra oolmaa, fi ulaalgaalee daldalawwanii irratti odeeffannoo dabalataatiif, ilaali:

- Ajaja Hojii Raawwachiiftuu 20-18 kan Executive Orders from Governor Walz irra jiruu (https://mn.gov/governor/news/executiveorders.jsp) Ilaali.
- Gaaffiiwwan Waa'ee Ulaagaa Haguuggii Fuulaa Kaawwachuuf Irratti Yeroo Baayyee Gaafataman (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/facecoverfaq.html) .

MINNESOTA

Kutaa Fayyaa Minnesota | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North L S P 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Danaa biraa gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnami.

08/06/2020 (Oromo)